

HIV waliin jiraachuu dandeessu

Tajaajilawwan kan SAYFSM, qajeelfamaa fi abdiin akka argattaniif isin gargaaru.

Sagantaawwanii fi tajaajilaawwan kunneen SAYFSM –tti isiniif argamu:

- Afirikaanota HIV waliin jiraataniif gumii deggersaa miiraa fi kan hafuura
- Gorsaa fi Qorannoo HIV
- Barnoota ittisa HIV/AIDS
- HIV posatiivii warra ta'aniif kan kennamu gidduu seenuu kan dhibee ittisu fi barumsa fayyaa
- Aadaa fi afaaniin kan wal qabatan meeshaalee barnootaa
- To'annoo dhimma fayyaa
- Abukaatoo kan yaalii fayyaa
- Gorsa Fayyummaa Sammuu
- Mana jireenyaatiif, miindeffamuudhaaf, deggersa hawaasaatiif, dulaaba soorataatiif, uffannaadhaaf, barnootaaf, seeraaf, meeshaalee mana keessaatiif, akkasumas fedhiwwan kan biroo kan oolan, maddaa fi refiraala.

Qorannoo Fayyaa Taasisaa!

Qorannoon hundinuu fi tajaajilawwan wal fakkaatoo ta'an kaffaltii kan hin qabnee fi waajjira SAYFSM kanatti kan kennamanii dha.

SAYFSM kun karaa miseensa hojjetoota sirriitti leenjifamanii fi waraqaa ragaa qabaniitiin kan geggeeffamu meeshaa qorannoo HIV sadarkaa isaa eegde ta'een qorannoo dhiha taasisa.

Beellama qabachuudhaaf gara SAYFSM –tti bilbiluudhaan miseensa hojjetootaa waliin haasa'aa.



Bahiin qorannoo wwanii daqiiqaa 15 keessatti

Teessoon Keenya:

SAYFSM
2395 University Avenue, #200,
St. Paul, MN 55114

Lakkoofsa Bilbilaa: (651) 644-3983
E-meeyilii: info@sayfsm.org
Marsariitii: www.sayfsm.org

KENNAAWWAN ADDAA GAMMACHUUDHAAN KEESSUMMEEFFAMU!

Eeyyee! SAYFSM kanaaf kennuu nan barbaada:
___\$25 ___\$10 ___\$5 ___kan biraa

Maaloo, kennaa keessan gara kanatti ergaa:

SAYFSM
2395 University Avenue W, #200
St. Paul, MN 55114

Buufata Qorannoo HIV kan KAFFALTIH irraa bilisaa

SAYFSM -----651-644-3983


Clinic 555-----651-266-1255

Red Door-----612-543-5555

Tajaajilawwan akka aadaatti Sirrii ta'an dhiheessuu




Minnesota keessatti sahaaraa gaditti kan jiraatan Tajaajila Dargaggootaa fi Maatii Afirikaanotaa (SAYFSM), Afirikaanota Minnesota keessa jiraatan hundumaaf, miira aadaa fi afaaniif mijataa ta'een barnoota HIV/AIDS fi taajilawwan hawaasummaa



Barruulee SAYFSM

Mbiu

Issue 11/Mudde(Dec) 2020



St. Paul, MN

651-644-3983

www.sayfsm.org

info@sayfsm.org

Dhaamsa Hawaasichaaf



Awah Agnes Morcho

Maqaan kiyyaa Agnes Morcho jedhama. Gara Minnesotaatti osoon hin deemin dura abbaa manaa koo, haadha manoota isaa kan biroo lamaanii fi ijoollota keenya waliin dhiha Afirika, Kaameruun keessan jiraachaa ture. Ani haadha manaa angafaa yoon ta'u, ijoollee afuran da'e. Mudde 1999, anii fi haati manootiin yeroo hedduu dhukkubsannee turre. Abbaan wanaa kiyyaas dhibamee ture. Ulfaatinni isaa hir'achaa deemuudhaan, guyyaa tokko akka mataan isa dhukkuba dubatte. Abbaan warraa koo kun bara 1962, erga gaafa wal fuuneetiin booda yeroo jalqabaatiif akka fayyummaan isatti dhagahamaa hin jirre kan anatti dubbate waan ta'eef baay'isee na ajaa'ibe.

Intalli kiyyaa kan Minnesotaa jiraattu nu daawwachuuf dhuftu. Akka na dafqisiisu, akka lafa naan maru, fi dhibeen garaa kaasaa akka na quunname, dabalataanis hanga of dadhabe kufuutti akka na geessises ittan hime. Battalumaanis intalli kiyyaa akkan yaalamuuf gara hospitaalaatti na geessite. Doktooriin na yaaluudhaan dhiiga kiyyaa qorachuudhaaf muraasa fudhate. Achumaanis, gara manaatti deebi'uudhaan bahii yaalii qorannoo fayyaa kiyyaa eeggadhe. Gara boodaas, obboleettii koo ishii quxisuu fi intala kiyyaatti bahiin yaalii qorannoo koo akka isaanitti himame; garuu akka ani ofii koo hin ajjeffneef sodaa qabaachuu irraa kan ka'e, anatti himuu dhiisuun akka inni wayyu, akka isaan amananii fudhatan nan hubadhe.

Haala na quunname kana beekuu dadhabuu baachuu waanan dadhabeef gara hospitaalaa deebi'etan deemuudhaan bahiin qorannoo fayyaa kiyyaa maal akka ta'e akka inni natti himuuf gaafadhe. Akkanan isaan jedhe, "Dhugaa isaa yoo anatti hin himtu ta'e, ofan ajjees; garuu yoo haqa isaa anatti himte, waan ati jette kamiyyuu nan raawwadha." Innis "Ati HIV qabda," "garuu yaalamuudhaan, lubbuudhaan jiraachuu dandeessa" jedhee natti hime. Haati manootiin warri biroonis qoratamuudhaan posatiivii ta'uun isaanii beekame. Abbaan warraa kiyyaa garuu hanga kana carra qabeessa hin turre. Infekshiniin HIV isaatii gara AIDS-ti jijjiirameera. Mataa kiyyaatu na dhukkuba jechuun guyyaa himachuu eegale irraa jalqabee torbanoota sadii booda, gaafa Amajji(Jan) 11, 2000 boqote.

Yeroo jalqabaatiif bara 2003 keessa afeerraa intala kiyyaatiin gara Minnesotaa yoon deemu, Giddu gala Fayyaa Hennepin County-tiin kan deggeramu, Networkii Dubartootaa kan jedhamu, kan sanyii hundumaa, sadarkaa umurii, duubessaa, fi kan biyyoota hundumaaf ta'u, gumii deggersa dubartoota HIV posatiiv ta'anii keessattan dabalame. Bara 2006 keessa deggeramtuun kan dhalootaan biyya Kaameruun taate tokko gumii kana keessatti waan hirmaatteef gumii deggersaa kan biroon akka jiru natti himte, innis baqattoota Afiriikaa kanneen dhibee HIV tiif saaxilamaniif jechuun kan qophaa'e ture. Anis fedha waanan qabaadheef akkan quunnamuuf lakkoofsa bilbilaa naaf laatte. Yeroon bilbiluttis, SAYFSM keessaa Elizabeth Namarra waliinan dubbadhe.

Elizabeth na daawwachuuf dhutee, achumaanis, gumii deggersaa kan SAYFSM irratti akkan hirmaadhuuf afeerraa naaf taasifte. Yeroo sanaa eegalees gumii kana nan hordofan ture. Hirmaattonni kunis haala amanuun isaa ulfaataa ta'een deggertoota yoo ta'an, anis hiriyoota hedduu horadheera. Hojjetoota SAYFSM irraa gargaarsaa fi deggersaa amanuun isaa namatti ulfaatu argadheera. Addumaanis, sagantaan gumii deggersaa kun, akkamiin ilaalcha ala baasuu fi kan nama addaan baasuu dandammachuun akka danda'amu ilaalchisee muuxannoo, yaadannoo, fi ilaalcha jiran wal gegeeddaruu fi gargaara. Hirmaatota waliin haala naannoo kan hiriyummaan keessatti baay'ate akka uumnuuf ni jajjabeesina.

Yeroo jalqabaatiif yamuun gara Ameriikaa dhufetti, ji'oota ja'aaf intala kiyyaa fi ilma koo isa angafaa waliinan Minnesotaa keessa jiraadhe. Uffannaa siree, shurraabii fi waantota kan biro fo'aman gurguruudhaan horii muraasa argadhe. Haftee kan waggaa sanaa biyya Kaameruun keessattan dabarse. Ji'oota sadii kan ta'uuf dhiheessii dawwaa HIV fudhadheen dhufe. Intalli kiyyaa ji'oota sadan hafaniif daawwaa naaf ergeteetti. Daawwaa kiyyaa abboomamuudhaan fudhachuu kiyyaa fi waa'ee haala fayyummaa kootiif doktooriin kiyyaa gammadeera.

Dargaggoota gidduutti fayyummaa isaa kan eegate wal quunnamtii saalaa jajjabeessuu fi guddisuuf gara Kaameeruunitti kondomii geessuu ittan fufe. Ani kanan fuudhee deemu danda'u muraasa yoo ta'e illee dargaggoonni baay'een ammoo dabalataan kondomii fuudhee akkan geessuuf na gaafatu. Yammuun gara Kaameruun deemu hundumaatti, dhiheessii kondomii dabaluuudhaaf waanan danda'u hundumaa yaalii taasisaan jira.

Yaaliin fayyaa HIV kan argamu, USA keessa jiraachuu danda'uun koo carra qabeessa na taasiserra. Hojii gaarii kan hiriyootaa fi maatii, akkasumas kan warra birootti gammaduun nan danda'a. Kaameruun keessa yeroon jiraadhutti, namoonni HIV waliin jiraatan akka asitti akka godhaman hundumaa, maatii fi hiriyoota biratti ala baafamuu, addaan baafamuu fi balfamuu waan isaan dandamatan natti hin fakkaatu

Yoo HIV posatiivii taatan, gara dhaabbata kunuunsaa deemuudhaan gumii deggersaa quunnamaa, akkasumas tajaajilawwan jireenya fayyaleessaa fi bu'a qabeessa ta'e jiraachuuf kan fayyadan gargaaramaa

ture. Rakkoon isaanii inni guddaan karaan ittiin daawwaa bitatan dhibamuu isaa ti. Daawwaan warra tola dhiheessaniin akkuma kennamu, qorichi kun tola ta'uu qaba ture, garuu namoonni kaffaltii inni ittiin ergamu kaffaluu qabu, haata'uyyuu malee, isumallee kaffaluuf humna hin qaban.

Minnesota keessa jiraachuu keessaniif isin carra qaboota dha. SAYFSM dabalatee iddoowwan baay'een yaalii fayyaa kan kaffaltii malee fi iccitaawaa ta'e gumaachu. Yoo haala HIV keessanii kan hin beekne taatan, qorannoo kan fayyaa taasisaa. Yoo HIV posatiivii taatan, gara dhaabbata kunuunsaa fayyaa deemuudhaan gumii deggersaa keessatti dabalamaa, akkasumas jireenya fayyaalessaa fi bu'a qabeessa

jiraachuuf kan isin gargaaru carraa tajaajilaawwaniitti fayyadamaa. Yaalii fayyaa kana daftanii yoo eegaltan gaarii ta'a. Yoo negatiivii taatan, walquunnamtii saalaa fayyaalessa hin taane irraa of qusadhaa. Shariikota hedduu hin qabaatinaa. Yoo quunnamtii saalaa kan shariika tokkoo ykn hiriyaa kan gaa'elaa qabaattan malee, kondomii osoo hin fayyadamin quunnamtii saalaa hin raawwatinaa. COVID-19 yaada hawaasaa kan qabate yoo ta'e illee mataa ofii fi kanneen jaallatan dhibee HIV irraa eeguun gara maddiitti dagatamuu hin qabu. Yoo dhibee dunyaalessaatiin walqabachuudhaan haala noormaali ta'e keessa kan jiraannu yoo taane illee, dhibeen HIV akka hin tattamsaane fi jireenya keenyas akka hin balleessineef itti fufiinsaan dammaqoo ta'uutu nurraa eegama.

Agnes, gumii deggersa miiraa kan SAYFSM keessatti hirmaattuu dammaqxuun ta'uun itti fuftee jirti.

Namoota HIV waliin jiraatan osoo hin taanee, HIV haa lollu

Namoonni HIV waliin jiraachuu isaanii beekuu hin barbaadan, sababiin isaas maatii fi hawaasni isaan keessa jiraatan akka isaan hin jibbineef (judge), akkasumas addaan isaan hin baafneef sodaa waan qabaniif. HIV/AIDS kan qaban yoo ta'e illee, namni hundinuu, yeroo hundumaa akka isaan jaallatuu fi akka isaan deggeru beekuu qabu.

Vaayirasiin AIDS fidu tuttuqqaadhaan, gororaan, imimmaaniin, haxxiffannaadhaan, qufaadhaan, ykn tuttuqqaa salphaa ta'e kamiin iyyuu hin faca'u. Vaayirasiin HIV harka caalmaadhaan kan inni daddarbu, karaa dhangala'aa qaama hormaata dhiiraa, dhangala'aa qaama hormaata dhalaa, dhangala'aa munnee, dhiiga, ykn aannan harmaa kan nama vaayirasiin HIV posatiiv ta'ee ti.



Qindeessaa Iddoo
Lallabaa SAYFSM

Fiqiruu Itichaa

Martinuu as keessatti waliin jirra

Fooyya'iinsa yeroo dhiyootti jiruuf haa galatu malee, yaaliin qorannoo HIV yeroo ammaa ariifataa fi salphaa ta'ee jira. Qorannoo HIV taasisuuf hamileen isaa kan inni maddu itti gaafatamummaa fayyaa keessanii fi hawaasa keessaniif eeggannaa taasisuufii dha. Addumaan, dursinee gaafa qorannoo fayyaa taasifnu, bahii qorannoo posatiivii ta'e warra argatan yaaluu fi kunuunsuuf karaa salphaa ta'uu isaa hubachuun baay'ee barbaachisaa ta'a.

Kanneen qorannoo fayyaa taasisan hundumaaf, yeroo qorannoon kun geggeeffamu duraa fi booda isaa tajaajilli gorsaa ni kennamaaf. Tajaajilli gorsaa ifaa fi qorannoon ariifataa ta'e kun haala HIV keessanii beekuuf carraa isiniif kenna, akkasumas jireenya keessan keessatti jijjiiramoota posatiivii ta'an akka taasiftaniif isin gargaaru.

Yoo bahiin qorannoo keessanii negatiivii ta'e, qorannoon HIV kunii fi gorsi isiniif kennamu vaayirasiin kana irraa bilisa taatanii akka turtaniif humna isiniif laachuuf fayyada. Akkamiin qorannoon keessan negatiivii ta'uun itti fufuu akka dandeessan karoora ifaa fi qabatamaa ta'e qabattanii iddoo qorannoo fayyaa fi kan gorsaa kanaa kan baatan ta'a.

Yoo bahiin qorannoo keessanii posatiivii ta'e, namni gorsa isiniif kennu kun haala akkamiitiin umurii dheeraa fi jireenya fayyaalessa jiraachuuf kan isin dandeessisu kunuunsaa fayyaa fi deggersi barbaachisaan akka argattaniif isin gargaara. Afirikaanota warra HIV posatiivii ta'aniif, SAYFSM tajaajila hedduu gumaacha waan taasisuuf, wal'aansoo jireenya keessanii isa haaraa kana haala gaarii ta'een mo'achuuf deggersa barbaachisoo ta'an isiniif taasiisa

Martinuu as keessatti waliin jirra, akkasumas ammoo, dhimma kana amanamummaadhaan hawaasa keenyatti beeksisuu danda'uun keenya baay'isee barbaachisaa dha. Tarkaanfii isa jalqabaa fudhadhaa: Qorannoo fayyaa kan HIV taasisaa. Dabalataanis, hiriyoonni fi maatiin keessanis akka qorannoo fayyaa taasisaniif iaiibeessaa.

Waa'ee HIV beekuun kan isin irraa eegamu maali?

“Beekumsi qabeenyarra wayya.”
Jechama 'Cameroonian'

HIV/AIDS n MAALII??

- HIVn vaayirasiin AIDS fiduu danda'uu dha. Qaama keenya dhukkubaa fi infekshinii irraa kan eegu, mala ittisaa uumamaa kan ta'e dandeettii ittisa dhukkubaa kan miidhuu dha.
- Dhibee kanaan erga qabamtaniin booda, mallattoon dhukkubaa osoo isin irratti hin mul'atin ykn HIVtiin qabamuu keessan osoo hin beekin waggoota dheeraaf jiraachuu keessaniin namoota kan birootti daddabarsuu dandeessu.
- HIV kanaan erga qabamtaniin booda dandeettii dhibee of irraa dhorkuu kan qaama keessanii baay'ee miidhuudhaan infeekshiniin kun gara AIDS tti guddata.
- AIDS jechuun sadarkaa(Stage) xumuraa kan HIV ti.
- AIDS addaan baasee beekuu kan danda'u dokteera qofa.
- HIV/AIDS kanaaf talaalliin ykn daawwaan tokko illee hin jiru.
- Tarkaanfiiwwan fayyummaa hojiirra kan hin oolchine, ykn limmoo waliin kan qooddachuudhaan, ammas HIV gara warra birootti dabarsuu kan dandeessan ta'us; namoonni vaayirasiin HIV waliin jiraatan jireenya fayyaalessaa fi umurii dheeraa akka jiraatan gargaaruuf yaaliin fayyummaa ni laatama.
- Yaalii fayyummaa kana irraa fayyadamaa ta'uudhaaf, dursitanii bahii qorannoo HIV keessanii beekuun baay'ee barbaachisaa dha. Haala bahii qorannoo HIV keessanii beekuu kan dandeessan qorannoo HIV taasisuu qofaadhaan ta'a.

**HIVn nama addaan hin baasu!
HIVn nama kamiin iyyuu qabuu
danda'a!**